homes victoria

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
Bilbila: 1300 650 172
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

Oromo | Afaan Oromoo

Kabajamaa,

Homes Victoria kan Ijaarsa Manneen Gudguddaa bakka manneen ol dhedheeroo ilaalchisee odeessa kanaan si dhaqabaa jira.

Manni kee sagantaa deebisanii ijaaruu keessa waan jiruuf dhuma bara 2023 irraa eegalee bakka biroo si qubsiisuun labsamee ture.

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, kireeffatoota gandeen 259 Malvern Road, South Yarra fi 139 Highett Street, Richmond keessa jiraatan bakka biroo qubsiisamuun isaanii dhihootti kan eegalu yoo tahu kunis Guraandhala (February) 2026 dura akka xumuramu karoorsamee jira.

## Bakka biroo qubsiisuu kan Flemington fi North Melbourne Fulbaana (September) 2025 keessa xumuramuuf jira.

Gandeen itti aananii jiran kanaaf sagantaan bakka biroo qubsiisuu (bakka ati amma jiraattuu) jalqabamaa jira kan xumuramus Fulbaana (September) 2025 dura taha:

- 120 Racecourse Road, Flemington
- 12 Holland Court, Flemington
- 33 Alfred Street, North Melbourne.

Namootni hedduun manneen haaraatti godaananii jiran ykn godaanaa jiran.

## Kun siif maal jechuu dha?

**Yoo iyyannaa mana kee kana dura guuttee jirta tahe ammas irra deebitee guutuu si hin barbaachisu.** Gartuu keenya bakka biroo qubsiisan waliin yero yerootti wal qunnamna. Xalayaa kana erga dubbisteen booda gaaffii yoo qabaatte qondaala (officer) kee kan bakka biroo qubsiisuu qunnami.

**Yoo iyyannaa manaa *hin* guutin jirta tahe akka ati nu waliin dubbattu si jajjabeessina.** Kanaaf, akkasitti mana haaraya siif tahutti akka ati godaantu si gargaaruu dandeenya. Waraqaa bakka biroo qubsiisuu guutuun kee mana siif tahu barbaaduuf nu gargaara.

Bakka birootti godaanuun jijjiirama guddaa dha, kanaaf **deemsa kana hunda keessatti si gargaaruuf as jirra.** Bakka biroo si qubsiisuuf baallama siif kennamu irratti nama si gargaaru fudhttee dhufuu dandeessa. Kunis:

- Hiriyaa (saayiba) ykn maatii kee keessaa
- Bakka bu'aa Waldaa Kireefatoota Ummataa Victoria (Victorian Public Tenants Association) ykn Kireeffatoota Victoria (Tenants Victoria) irraa
- Bakka buutota dhimma seeraa tajaajila seeraa hawaasaa ykn Tajaajila Seeraa Aborijina Victoria

Yoo ni barbaadda tahe nama afaan siif hiiku siif qopheessina.

VICTORIA State Government

## Filmaatni manaa ati qabdu

Tarii manneen haaraya kan Victoria Street, Flemington, fi Abbotsford Street, North Melbourne jiran keessaa tokkotti godaanuuf filmaata qabaatuu malta. Manneen kun dhiheenya irra waan jiraniif ollootaa fi kanneen waliin turte waliin walitti dhihaatuu dandeessa.

Manneen haarayaan ulaa cufaa eegumsaa qabu, gardaafoo (balconies), bakka miicaa huccuu dhuufnaatti, qabbaneessituu ho'aa (air-conditioning) fi balbala yeroo hunda ho'aa fi qabbana gadi dhorku irraa kan ijaaramee dha. Yoo waan kana qabaatuu isaa dursitee ilaaluu barbaadde manneen kana akka ilaaltuuf gartuun bakka biroo qubachiisuu ballama siif qindeessuu danda'u. Kun ammoo manichi siif tahaa isaa dursitee akka ilaaltu si gargaara

## Kiraa manaa fi yero yerootti odeessa siif erguu

Yeroo kana keessa gargaarsi siif kennamu akka jiru si yaadachiisuu barbaadna:

- **Dursitee itti karoorfatuu:** Yoo itti of hin qopheessine tahe, karoorfata kee xumurii, iyyannaa manaa kee guuti, akkasitti mana haarayaa siif tahutti akka dabartuuf si gargaaruu dandeenya.
- **Itti Siqeenya:** Manneen haaraya ijaarru ganda kee amma jiraataa jirtutti dhiheenya bakka qabanitti. Fedhii kee akka guutuu danda'utti si waliin irratti mariyannee kan siif tahu siif kennina.
- **Itti fufiinsaa si deggeruu:** Manni kee haaraan bakka ati fedhtu taha. Namoota bakka birootti qodaa kee siif dabarsan ni qindeessina, gatii isaas nutu baasa, mi'a mana kee haaraatti fudhattee dabruu hin barbaadne yoo jiraates siif gatna
- **Waliin turuu:** karoora deebisanii ijaaruu manichaa ilaalchisee odeessa jiruu fi wanneen gandeen kee keessatti raawataman, keessattuu bakka duraaniitti deebitee galuu barbaadda yoo tahe odeessa yero yerootti siif kennina.
- **Bakka duriitti deebi'uu:** Deebisanii ijaaruun waggaa 6 hanga 8 fudhata. Yeroo deebisanii ijaaruun xumuramu bakkicha argachuuf gahaa tahuu kee, waan si barbaachisuu fi mana siif tahu argachuu kee irratti hundooftee bakkichatti deebitee galuuf mirga ni qaba. Yeroo sanatti manni ati itti godaante siif tahee jira yoo tahe achuma keessa turuu dandeessa.

## Nu waliin turi

Odeeffannoo waa'ee tartiiba deebisanii ijaaruu fi deebisanii qubsiisuu, afaan dubbattus dabalee as ilaaluu dandeessa, bighousingbuild.homes.vic.gov.au. Hubachiisaa fi odeessa walitti fufiinsaan agatuuf nu waliin turuuf nu hordofuu dandeessa.

Manneen haaraan Abbotsford Street, North Melbourne ijaaraman kan eegumsaa fi tika qaban, manneen bifa baraneetiin ijaaramanii dha. Kun tarii bakka birootti si qubsiisuuf filmaata ati qabdu tahuu mala.

Namootni baay'een manneen bakka Victoria Street jirutti godaananii jiran. Kun tarii bakka birootti si qubsiisuuf filmaata ati qabdu tahuu mala.

Homes Victoria bakka birootti dabruu kee hanga danda'ametti akka siif saphlatu taasisna, si gagaaruufis as jirra. Gaaffii yoo qabaatte ykn gargaarsa yoo barbaadde gartuu keenya gaafadhu.

Nagaa waliin

**Dannii de Kretser**

*Yeroof Itti-mataa (Interim CEO), Homes Victoria*



Filmaata bakka biroo qubsiisuu: (Bitaa) Manneen haaraan bakka Abbotsford Street, North Melbourne, ijaaraman manneen ummataa bifa ammayyaatiin (modern) ijaaramanii dha. (Mirgaa) Namootni baay'een manneen bakka Victoria Street jirutti godaananii jiran. Manneen kun tarii bakka biroo qubatuuf filmaata kee keessa tahuu malu.